QUFAA 2009 H1N1 TALAALLII

JIRAA, KAN DADHABSIIFAME (talaallii funyaanin kennamu)

WANTA BEEKUUN ISINIRRA JIRAATU

Odeffannowwan Talaallii baay'een Afaan Spaanishi fi afaan birootini ni argaman. www.immunize.org/vis ilaalaa.

1 Qufaan 2009 H1N1 Maali?

Qufaan 2009 H1N1 (Swine Flu yookin qufaa boyee jadhamunis kan bekkamu) vaayirasii qufaa haarawan kan dhufudha. Qufaan kun biyyoota baay'eekeesa tamsa'era.

Akkuma vaayirasoota qufaa biro, 2009 H1N1 qufaa'udhaan, haxxifannaadhaan akkasumas yaroo tokko tokko wantoota vaayirasichaan faalaman tuqudhaani nama tokkorraa gara nama biraatii ni daddarba.

Qufaan 2009 H1N1 yoo nama qabee mallattoowan kana gadii ni mula'atuu:

- Dadhabbii
- Ho'a qaamaa
- Huuba qonqoo bu'uu
- Dhukkuba nafaa
- Qorra'ina
- Qufaa
- Haxxifannaa

Namooti tokko tokko garaa kaasaa fi hoqqisaalle ni qabaatu.

Namooti baay'een turban kessatti ni fayyu. Namooti tokko tokko garuu michii sonbaa yookin dhibee cimaa biron ni qabamu. Namooti tokko tokko hospitaala ciisuu kan qabaatan yoo ta'u gariinis ni du'u.

2 Qufaan 2009 H1N1 qufaa yaroo biraa beekkamurraa maalin adda ta'a?

Vaayirasooti qufaa wayita biraa waggaa waggaan kan jijjiiraman haata'u malee baay'ee wal fakkaatan.

Namooti yaroo darbe keessa qufaan qabaman yaroo baay'ee vaayirasii qufaa wayitaa dandamachuu yookin ittisuu ni danda'an (qaamni isaanii dandeettii vaayirasii ofirraa ittisuu ijaarrateera).

Qufaan 2009 H1N1 vaayirasii qufaa haarawadha. Innis vaayirasii qufaa wayitaarraa adda.

Qaamni namoota baay'ee qufaa 2009 H1N1 ofirraa ittisuu hindanda'u yookin dandeettii xinnoo qaba (qaamni isaanii vaayirassii kana falmachuf qophaa'oo miti).

3 Talaallii qufaa 2009 H1N1

Qufaa 2009 H1N1 ittisuf talaallin jiru.

- Talaalliwwan kun akkuma talaalliwwan qufaa wayita biraa tolfamu.
- Talaalliwwan kun akkuma talaalliwwan qufaa wayita biraa utuu qaama nama hin miidhin nagayaa fi bu'aa qabessa jadhamanii yaadamu.
- Talaalliwwan kun dhibeewwan 'qufaa-fakkaatan' vaayirasii gosa biraan dhufan hin ittisan.
- Talaalliwwan kunneen qufaa wayita biraalle hin ittisan. ***Qufaa wayita biraa ofirraa ittisuu yoo barbaaddan talaalli qufaa wayita biraa argachutu isinirra jiraata.***

Talaalliin **jiraa dadhabsiifame funyaanin kennamu** (**JIRAA** yookin **LAIV**) kan funyaan kessa buufamudha. **Xalayaan kun talaallii jiraa dadhabsiifame funyaanin kennamu kana kan ibsudha.**

Talaallin **lubbumalessi** lilmoon waraanamus jira. Inni xalayaa kophaann ibsama.

JDFKn (LAIV) 2009 H1N1 thimerosal yookin qoricha yeroo fayiidaa dheeresu biro of kessaa hin qabu. Innis kan hayyamame namoota umriin isaanii waggaa 2 hamma 49 ta'efi.

Vaayirasiin talaallii kanaa kan gitame (dadhabsiifame) waan ta'ef nama hin dhukkubsu.

4 Talaalli qufaa 2009 H1N1 argachuu kan qabaatu eenyu, yoom argachuu qabaata?

EENYU

JIRAA (LAIV) namoota umriin isaanii waggaa 2 hanga 49 ta'e fi ulfaa hin ta'inif akkasumas rakkoo fayyaa hinqabaannef kan raggaasifamedha (lakkobsa 5 kanaa gadii ilaalaa). Gareewwan 2009 H1N1 JIRAA (LAIV) akka fudhatan duraan gorfaman namoota fayya qabeessa akka kanaa gadiiti:

- kan umriin isaanii waggaa 2 hanga 24 ta'e,
- kan umriin isaanii waggaa 25 hanga 49 ta'e fi
  - daa'imman umriin isaanii ji'a 6 gadi ta'e walin jiraatan yookin kunuunsan, yookin
  - hojjattoota eegumsa fayyaa yookin wal'aansa yaroo hatattamaa ta'an.

Talaallin ga'inaan kan argamu yoo ta'e , namooti fayyaan umriin isaanii waggaa 25 hanga 49 ta'es talaallicha argachuu qabaatu.

> Hubachiisa: Namooti garee tokko tokko talaalli LAIV fudhachuu kan hinqabaanne yoo ta'u – fakkeenyaf dubartoota ulfaa, namoota rakkoo fayyaa yaroo dheeraa qaban, fi ijoollee umriin isaanii ji'a 6 hamma waggaa 2 ta'e – talaallii argachuun garuu isaan barbaachisa. Isaan kun talaallii qufaa fudhachuu qaban.

Mootummaan Federaalaa talaalli kana qophessee namooti fedhiin akka fudhatan gochaa jira. Haa ta'u malee, seerri mootummaa naannoo yookin daldalootii dhunfaa adda adaanamooti tokko tokko talaalli akka fudhatan dirqisiisu ni danda'an.

YOOM

Akkuma talaallicha argattanin talaalli godhadhaa.

Ijoollen hanga umrii waggaa 9 ji'atti talaalli yaroo **lama fudhachuu** qabu. Ijoollen umriin sanaa ol ta'anifi ga'essoti al tokko fudhachun ni ga'aaf.

5 Namooti tokko tokko talaalli fudhachuu dhiisuu yookin turuu qabu

Alarjii (qamnii waan jibbuu) hamaa (kan lubbuf sodaachisaa ta'e) hanqaaquf yookin **wanta talaallin of keessaa qabu kamiifiyyuu** kan qabdan yoo ta'e talaalli qufaa 2009 H1N1 JIRAA (LAIV) hin fudhatinaa. *Alarjii hamaa gosa kamiyyuu yoo qabaattan nama talaalli kennuf himaa.*

2009 H1N1 JIRAA (LAIV) namoota kanaa gadiif kennamu hinqabaatu.
- ijoollee waggaa 2 gadii fi ga'essota waggaa 50 fi sanii ol ta'an
- dubartoota ulfaa,
- nama dandeettin ittisaa qaama isaa dadhabaa ta'e kamiyyuu,
- nama rakkoo fayyaa yaroo dheeraa gaditti eeraman qabu kamiyyuu
  - dhibee onnee
  - dhibee kalee yookin saafaa (tiruu)
  - dhibee sonbaa
  - dhibee akka shukkaaraa
  - asmii
  - aneemiyaa fi dhibee dhiigaa biroo
- ijoollee umriin isaanii wagga 5 gad ta'e fi asmaa qaban yookin bara darbe kessa dhibee hafuura baafachuu al tokko yookin sanaa ol irratti argame,
- nama rakkoo fayyaa nafaa yookin narvii (kan akka cerebral palsy) kan rakkoo hafuura baafachuu yookin waa liqimsuu fichisiisu qabu kamiyyuu,
- nama nama biraa kan dandeettin ittisa dhibee qaama isaa *hedduu* laaffeee walin qunnamtii qabu (kan yaaliin bakkee ittifama ta'etti, bakka akka "bone marrow transplant unit") kamiyyuu,
- ijoollee yookin ga'essota qoricha aspirin jadhamu yaroo dheeraf fudhachaa jiran.

Dhibee laafaa yookin cimaa kan qabdan yoo ta'e , hamma fayyitanitti talaallicha osoo hin fudhatin akka turtan isin ni gorsamtuu. Qufaa salphaa yookin dhukkuba biraa laafaa kan qabdan yoo ta'e turuun hin barbaachisu ta'u danda'a.

Kanneen kanaa gadii kanaan dura kan qabdan yoo ta'e hakiima kessanitti himaa:
- Talaalli qufaa wayitaa erga fudhattan booda alarjiin hamaan isin mudatee yoo ta'e,
- Guillain Barré Syndrome (dhibee nama laamshessu cimaa GBS jadhamunis kan bekkamu).

Isaan kunneen talaallicha dhiisuf sababii hin ta'an mala, garuu hojjattooti fayyaa murtee ta'uu qaburra akka gessan isin gargaaru.

Talaallin 2009 H1N1 JIRAA (LAIV) talaalliwwan biraatin maddii kennamuu ni danda'a. Ji'a darbe kessa talaalli biraa fudhattanii kan jirtan yookin ji'a dhufu kessa fudhachuf kan karoorfattan yoo ta'e doktoora kessanitti himaa. H1N1 JIRAA (LAIV) fi JIRAAn (LAIV) wayita biraa al tokko kennamuu hin qabaatan.

6 Rakkowwan talaalli 2009 H1N1 JIRAA (LAIV) kanaan walqabatan maali?

Talaallin akkuma qoricha biraa rakoo cimaa akka alarjii hamaa fakkatan geessisuu danda'u. Garuu carraan dhibee cimaa yookin du'aa talaallin ga'u malu baay'ee xinnaadha.

Rakkowwan 2009 H1N1 LAIV kanaan walqabatan kanneen JIRAA (LAIV) walin walfakkaatu jadhamee fudhatama:

Rakkoowwan salphoo:
Ijoollee fi ga'essoti waggaa 2-17 ta'an tokko tokko rakkoowwan salphoo akka kanaa gadii qabaatu kan jadhu gabaasni jira:
- funyaan furrii qabuu, duudama funyaanii yookin qufaa
- ho'a qaamaa • mataa bowwuu fi nafaa dhikiffataa
- korrifachuu • dhukkuba garaa yookin darbee darbee hoqqisuu yookin garaa kaasuu

Ga'essoti waggaa 18-49 tokko tokkos akkanatti gabaafaman:
- funyaan furii, duudama funyaanii yookin qufaa
- madaa laagaa • qufaa, qorra'ina, dadhabbii • mataa bowwuu

Rakkowwan cimoo:
- Alarjiin talaallii lubbuuf sodaachisaa ta'e baay'ee miti. Kan mudatan yoo ta'e erga lilmoon waraaname booda yaroo gabaabaa keessatti ta'a

- Bara 1976, talaallin qufaa "swine" turtii qabu tokko dhibee Guillain-Barré Syndrome (GBS) jadhamun akka walqabatu himamaa ture. JIRAA (LAIV) GBS walin qunnamtii hin qabu.

7 Rakkoon cimaan yoo mudate maal gochuu qabdu?

Maal barbaachutu narra jiraata?
Haala kanaan dura hin beekkamne kan akka ho'a qaamaa fi jijjiirraa amalaa. Mallattowwan alarjii hamaa ta'an keessaa kan argaman rakkoo hafuura baafachuu, jijjiirama qooqaa, addoomina, jijjirama bifaa , jarjaraa dhawina onnee yookin mataa akka jonjjesuu.

Maal gochuutu narra jiraata?
- Hakiima yookis ogeesa yaala **waamaa**, yookin namicha gara mana yaalaa geessaa.
- Waan ta'e hakiimichatti **himaa**, guyyaa fi sa'atii itti jalqabe, fi yaroo talaallichi itti kenname.
- Gargaaraan fayyaa kessan wanta mudate uunkaa Gabaasa Mudata Hammeenya Talaallii (Vaccine Adverse Event Reporting System (VAERS)) guutun akka gabaasu **gaafadhaa**. Yookin isinummaan gara VAERS **www.vaers.hhs.gov**, uunkicha ilaalu yookin lakkobsa bilbilaa **1-800-822-7967** irratti bilbiluun gabaasu ni dandessan.

VAERS gorsa fayyaa hin kennu.

8 Beenyaa miidhaa talaalliinii

Isin yookin ijoolleen keessan talaallin kan miidhamtan yoo ta'e dandettin iyyata mana murtootii dhiheesuu himachuu kessan seeraan daangeffama.

Haata'u malee tajaajila fayyaa fi baasilee addaa biraa namoota talaallin ciminaan miidhamanif akka horiidhaan gargaaruf sagantaan federaalaa uumameera. Sagantaa kana ilaalchisee odeeffannoo dabalataa argachuf,lakkobsa bilbilaa **1-888-275-4772** itti fayyadamaa yookin **www.hrsa.gov/countermeasurescomp/default.htm** irratti ilaalaa

9 Kana caala baruu akkamittin danda'a?

- Nama yaalii isinnii kenuu san gafadhaa. Waraqaa odeeffannoo talaalliii wajjin dhufee isiniif kennu yookin omadda odeeffannoo biraa isinitti himu.
- Qajeelcha eegumsa fayyaa naannoo keessanif yookin mootummaa naannof bilbilaa.
- Centers for Disease Control and Prevention (CDC) qunnamaa:
  - Lakkobsa bilbilaa **1-800-232-4636 (1-800-CDC-INFO)** tti fayyadamaa yookin
  - Weebsaayitii CDC's **www.cdc.gov/h1n1flu** or **www.cdc.gov/flu** irratti ilaalaa
  - **www.flu.gov** ilaalaa

DEPARTMENT OF HEALTH AND HUMAN SERVICES
CENTERS FOR DISEASE CONTROL AND PREVENTION

Vaccine Information Statement
2009 H1N1 LAIV - Oromo 10/2/09

Translation provided by the Minnesota Department of Health